

BARNOOTA HERREGAA

Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 4

BARNOOTA HERREGAA

Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 4

ISBN 978-99944-2-159-6



Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

MOE




Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

Gatiin QrIT 14.75



BARNOOTA HERREGAA

Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 4





BARNOOTA HERREGAA

Qajeelcha Barsiiaa Kutaa Arfaaffaa

Barreessistootaa fi Gulaaltota

Taaddasaa Gammachuu

Abarraa Balaay

Daadhii Asaffaa

Addaamuu Nyaaroo

Madaaltota

Xilaahun Alamuu

Aliyyi Uluu

Laggasaa Tarrafaa



**Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa
Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa**



Kan maxxanfame ALI bara 2003 Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa jalatti piroojektii fooyya'insa Barnoota walii-galaatiini dha. Piroojektiin kunis maallaqaan kan deggeramu dhaabbilee IDA credit number 4335-ET, the Fast Track Initiative Catalytic Fund fi Mootummoota Finland, Italy, Netherlands fi United kingdom dha.

© 2011 Mirgi kan Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaati . Mirgi hundi eegamaa dha. Kutaan kitaaba kanaa kamtuu hayyama abbaa mirgaa, Ministeera Barnootaa yokiin haala labsii Ripaabillikii Federaalawaa Demookiraatawaa Itoophiyaa, Negaariit Gaazexaa lakkoofsa labsii 410/2004 – labsii qabeenyi sammuu yookiin mirga ollummaan qabu eegsisuun kan inni hayyameef irraa barreeffamaan kennamuun alatti baay'isuun, haala addaatiin itti gargaaramuuf kaawwachuun, elektirooniksiin, magineetiin, sagaleenii fi wantoota kana fakkaatan birootiin baay'isuun yookiin kuusuun dhorkaa dha.

Ministeerri Barnootaa qaamota, gareewwanii fi namoota kitaaba kana maxxansiisuu irratti qooda fudhatanii fi boodas qajeelcha barsiisaa itti dabalalan galatoomfachuu barbaada.

Wantoota akka hin fudhatamne mirgi isaanii eegame tokko tokko hayyamnaan kana keessa galaniiru. Abbaa mirgaa wantoota kanaa ta'ee kan sirriitti hin ibsamiin yoo jiraate, Ministeera Barnootaa, Arat-kiioo, Lakkoofsa saanduqaa 1367, Addis Ababa jedhee nuuf barreessuu danda'a.

Developed and Printed by

STAR EDUCATIONAL BOOKS DISTRIBUTORS Pvt. Ltd.

24/4800, Bharat Ram Road, Daryaganj,

New Delhi – 110002, INDIA

and

ASTER NEGA PUBLISHING ENTERPRISE

P.O. Box 21073

ADDIS ABABA, ETHIOPIA

under GEQIP Contract No. ET-MoE/GEQIP/IDA/ICB/G-07/09.

ISBN: 978-99944-2-159-6

SEENSA

Kutaan 4 xumura barnoota sadarkaa tokkoffaa marsaa duraa ti. Barattoonni hedduun barnoonni herregaa gammachisaa ta'uu isaa fi dandeettiin gama barnoota herregaatiin argatan of abdattoota ta'anii akka itti fufan isaan gargaaruun isaa beekamaadha. Gammachuu fi ofabdiin uumame kun sadarkaa kanattis itti fufuu mala. Kana mirkaneessuuf, barsiisonni gumaacha hedduu taasisuu qabu.

Barsiisonni

- ofisaanii barnoota herregaatti gammadoo ta'uu isaanii calaqsiiisuu qabu.
- jireenya guyyaa isaanii keessatti faayidaa barnoota herregaa haala itti ibsuu danda'an mijeessuun irraa eegama.
- fedhii barattootaa hordofanii fakkeeniyota qopheessuun barattoota kakaasuu qabu.
- jireenya isaanii gara fulduraatiif barnootni herregaa hagam baarbaachisaa akka ta'e ibsuu qabu.
- gochaalee fi tooftaale baruu barsiisuu addaa addaatti fayyadamuun barnoota herregaa dammaqinaan akka baratan gargaaruu.
- wanti akka hojjatan kennamuuf waan barattoonni hedduun hojjachuu danda'an ta'uu isaa mirkaneeffachuu, fi haga danda'ametti badhaasuun nimala.

Akkuma barnoonni herregaa pirobileemota furuu waliin hedduminaan walqabate, barnootni herregaa kutaa afurii kunis pirobileemota heddu ofkeessaa qaba. Sadarkaa kanatti barattoonni dandeetti gama pirobileemota furuun sadarkaalee yookiin tarkaanfitee afur akka qabutti fudhachuun ni danda'ama.

1. waan hojjatamu hubachuu,
2. hojjicha jalqabuu,
3. hojjachuu,
4. gabaasuu

Pirobileemota qopheessuu irratti seerota lameen barbaachisoo ta'an yaadachuun barbaachisaa dha. Isaanis:

- pirobileemichi barattootatti baay'ee cimaa ta'uu hinqabu. Pirobileemota barattoonni furuu hindandeenyee fi baay'ee cimaa yoo ta'e, barattoonni abdii dhabuun furuu yaaluu dhiisu.
- seerri afaanii pirobileemichi ittiin ibsamus ofeeggannoon filatamuu qaba. Pirobileemonni dhiyaatan dandeettiiwwan herregaa malee dandeettii afaanii (luga) miti. Afaanis ykn jechoonni ittiin fayyadamnu salphaa fi ifaa ta'uu qaba. Barattoonni osoo pirobileemii kenname furuu hin eegaliin dura, waliin dubbisuun maaltu akka gaafatame sirriitti hubachuu akka danda'an mijeessuun ni mala.

Kaayyoowwan Barachuu Barnoota Herregaa Kutaa Afurii

Xumura barnoota herregaa kutaa afurii booda:





- ❖ Lakkoofsota hundaa hamma 1,000,000tti jiran ni barreessuu, ni dubbisu, ni tartiibessu.
- ❖ Qooyyaboota bu'uuraa artimeetikii arfaniitti gargaaramani lakkoofsota hundaa hanga 1,000,000tti jiraniin ni qooyyabu.
- ❖ Yuunitota hangaa, dheerinaa fi qabee dhangala'ootti ni fayyadamu.
- ❖ Hubannoo firaakshinoota ilaalchisuun qaban ni babal'ifatu.
- ❖ Kofa sirrii ni fakkeessuu, ni hubatu.
- ❖ Hariiroowwan sararoota qajeeloo bakka teessuma isaaniin diriiroo irratti walqabatee jiru ni ibsu.
- ❖ Ijaarsaa fi fakkii danaalee diriiroo ilaalchisuun dandeettii fi hubannoo bu'uuraa ni argatu.
- ❖ Bal'inaa fi naannawa ilaalchisuun gilgaalota adda addaa ni hojjatu.
- ❖ Jaboowwan kanneen akka kiyuubii, siliindarii, isfirii fi piraamidii ni hubatu.
- ❖ Sa'aatii daqiiqaa fi sakoondiitti ni fayyadamu.
- ❖ Safaroota yeroo waliin ni madaalu
- ❖ Baargiraafota sasalphoo ni ijaaru, ni ibsu.
- ❖ Giddu galeessa lakkoofsota afurii ni shallagu.

Siilabasii

Siilabasichi jijjiirama barattoonni xumura waggaa irratti fiduu qabanii fi qabiyyee barachuu qaban, gocha baruu barsiisuu, meeshalee deeggarsa barnootaa fi tooftaalee madaallii kaa'eera. Kanaafuu, qajeelcha barsiisaa kana siilabasii wajjiin itti gargaaramuun barbaachisaadha.

Qajeelcha Barsiisaa

Qajeelchi barsiisaa gochaalee (adeemsa) kitaaba barataa keessa jiran barbaachisummaa isaanii irratti hundaa'uun dhiyeessa. Kanaaf kanneen armaan gadii of keessaa qaba:

-  *Kaayyoo barnoota herregaa kutaa 4^{ffaa}*
-  *Ga'ee fi gochaalee barsiisaa/tuu*
-  *Maloota baruu barsiisuu fi meeshaalee deeggarsa barnootaa*
-  *Tooftaalee madaallii fi wantoota barbaachisoo kanneen biroo.*

Akkaataa Fayyadamaa

Barsiisaan/barsiistuun wantoota qajeelcha barsiisaarratti ibsaman hojiirra olchuuf:

1. Siilabasii dubbisuun mala baruu barsiisuu fi meeshaalee deeggarsa barnootaa mijaa'oo ta'an filachuu.
2. Qajeelcha barsiisaa fi kitaaba barataa sirriitti dubbisuun walsimsiisuun barsiisuu.
3. Sagantaa barnootaa waggaa keessa jiru sirriitti hubachuun barnootinni guyyaa fi guyyaa haala kamiin kaayyoo waggaa akka galmaan ga'an to'achuu.
4. Amalli barnoota fudhachuu barattoota adda adda waan ta'eef mala baruu barsiisuu hunda hammate filachuun barsiisuu.
5. Karoora guyyaa qopheessuun irra jira.

Wayitii Barnootaa

Barnoonti herregaa kutaa 4^{ffaa} wayitiilee 150tti akka xumuramu ta'ee qophaa'eera. Yeroon waggaa kana irraa hafe barnoota keessa deebi'uuf, barattoota madaaluu fi garee uumuuf fayyadamuun barbaachisaadha

Barnoota Barattoota Hirmaachisuu fi Madaallii Walitti Fufaa Barbaachisan!

Jalatamoo barsiisaa herregaa! Yeroo dheeraaf herrega sadarkaa kamittuu barsiisuun karaa itti agarsiisuu ture. Kunis barattootaaf akkaataa fi foormulaa itti piroleemii herregaa tokko furan kennuufiin adeemsifamuu isaati agarsiisa. Yommuu tokko tokko maaliif akka hojjatanii fi maal akka hojjatan osoo itti hin himamni akka hojjatan taasifama. Kunis pirobileemota gara garaa ofii isaaniitiif akka hojjatan bakka hinkennuuf. Kun immoo barattoota akka bitaa itti galuu fi hubannoo guutuu hinarganne godha.

Mee takka ta'ii akka barsiisaa herregaatti kutaa keessatti maal akka dalagdu yaadadhu.

Mata duree haaraa tokko od-ibsaan barsiisuun barattoonni wanta mata duricha keessatti baratan akka yaadatan eeguu yookiin fakkeenya piroleemii herregaa fudhachuun akkaataa itti hojjatamu itti himuun akka piroleemii isaan walfakkaatu isa hojjatame fakkeessuun hojjatan gochuu dandeecha.

Haalli barsiisuu akkasii garuu waan xiqqoo yookiin sirumaa wanta pirobileemii herregaa hojjachuu duuba jiru ibsuu hindanda'u. Kunis barattoonni maaliif akka hojjatan osoo hin hubatni waan hojjataniif.

Barsiisuun waan ta'e barattootatti himuu fi barumsi kan adeemsifamu yoo barattoonni isa yaadatan nutti fakkaachuu danda'a. Qorannooni kan ibsu garuu barsiisuun samuu barattootatti waan tokko "naquu" fi akka isa yaadatan irraa eeguu jechuu miti.

Beektonni kan irratti waliigalan barachuun adeemsa hirmaachisaa akka barattoonni waan tokko ofii isaaniif yaaluun barsiisaan immoo gargaaruun adeemsifamuudha. Kun yaada bu'uuraa barnoota barattoota hirmaachisuuti.

Barnootni hirmaachisaan, akkuma maqaan isaa ibsu, adeemsa barattoonni keessatti hirmaatani malee od-ibsa calsanii dhageefatan miti. Barattoonni akka yaadan, pirobileemota

furān, gaaffilee deebisan, gochaalee barsiisaan filateef hojjatan, gaaffilee ofii isaaniif qopheessan, mar'atan, ibsan, walfalman, waan tokko argatan(irra ga'an) fi akka hojii garee keessatti hirmaatan jajjabeefamuu qabu.

Akkaataan meeshaleen barnootaa (kitaaba barataa fi qajeelchi barsiisaa) itti qophaa'an akka hirmaanaan barattoota cimutti. Haala kanaan barattoonni yaadrimee bu'uuraa akka hubatan gochaalee bu'aa qabeessa, hiika qabeessaa fi qabatamaa kennuufiin akka gargaartu shakkii hinqabnu. Gochaaleen ati kennitu barattoonni akka herrega hubatanii fi jaalatan gochuu kan danda'an ta'uu qabu. Akkaataa kanaan caarraa hirmaanaa barattootaa haala gaariin cimsuuf akka gahee taphatu wantoota armaan gadii yeroo maraa yoo barsiistu fayyadami:

- Barattoota kee akka gochaalee bu'aa qabeessaa fi hiika qabeessa hojjatan tasiisi malee akka dhageeffataa qofa ta'an karaa hinbaniini.
- Kitaaba barataa qophaa'e irratti yaadannoo fi fakkeenyoota jiruu fi jireenya barattootaa wajjiin walsiman itti dabali.
- Dandeettii barattootaa cimsuuf gaaffilee adda addaa gaafadhu. Akka si gaafatanis jajjabeessi.
- Yommuu barsiistu mata duree kenname maalii irratti akka fayyadaman gaafadhu. Kun akka hiika mataa isaanii itti laatan jajjabeessa.
- Yaadrimee herregaa fi foormulaa ofii isaaniif akka fayyadaman gargaari.
- Abbaltii fi piroojektii barattoonni gochaalee hiika qabeessa akka fayyadaman gargaaran filadhu.
- Akka gareen yookiin lama ta'anii hojjatan haala mijeessi. Gareedhaan hojjachuun barattoonni muuxannoo akka waljijjiiran tasiisa. Karaa biraas akka walirraa baratan gargaara. Barattoonni gareen yommuu ramadaman dandeettii isaanii irratti hundaa'uun gaariidha.

Walumaa galatti, herregni waa uumuu barattootaa cimsuuf waan ta'eef, haalli adeemsa kee hirmaachisaatti jijjiiramuu qaba.

Barattoonni gochaalee, marii garee, piroojektii, ibsaa fi kanneen biroo yommuu hojjatan walitti fufiinsaan madaalamuu qabu.

Madaallii Walitti Fufaa

Madaalliin walitti fufaan qaama baruu barsiisuu keessaa isa tokko. Madaallii walitti fufaan yeroo hundaa kan ta'uu fi madaallii toftaa qabeessa hojii nama tokkoo ittiin madaalaniidha. Ragaaleen barattootaa walitti fufiinsaan guurame amala jijjiirama isaanii barsiisaan/tuun akka hubatu gargaara. Dabalataanis haala barattootaa tokko tokkoon akka baru tasiisa. Madaallii walitti fufaan jijjiirama barattootaa daataa irratti hundaa'uun akka hubattu si gargaara. Akka walitti dhufeenyi maatii barattootaa fi barsiisaa/tuu cimusan ni gargaara. Madaallii walitti fufaan adeemsa walitti fufaa abbaltii fi qormaata kennuudhaa oliiti.

Madaallii walitti fufaan dandeettii barachuu adda addaa hubachuuf meeshaalee armaan gadiitti fayyadamuun kan adeemsifamu.

- Battallee (Barreeffamaa, Afaaniin yookiin Gochaan)
- Marii daree keessaa, gilgaalota, abbaltii yookiin hojii garee
- Piroojektii
- Daawwannaa dirree
- Gaaffii afaanii

Dandeettiin kenname tokkoo meeshaa madaallii isa madaaluuf olu qaba. Fakkeenyaaf, gaaffiin afaanii dandeettii dubachuu fi dhageeffachuu ilaaluuf fayyada. Barattoonni sirritti hordofuuf dhiisuu isaanii sakkata'uufis itti gargaaramna. Hojiin garee immoo fedhii fi hirmaannaa barattootaa baruuf nu fayyada. Battallee fi qormaatni dandeettii dubbisuu fi sirritti barreessuu barattootaa sakkata'uuf nu fayyada.

Yoom Madaalla?

Madaallii walitti fufaa fi ibsi daree keessaa yeroo sadiin walitti dhufu. Isaaniis madaallii ibsa dura, madaallii ibsa keessa fi madaallii ibsa boodati. Mee tokko tokkoon haa ilaallu.

1. Madaallii Ibsa Duraa

Madaalliin kun kan adeemsifamu yoo barattoonni barnoota guyyichaa jalqabuuf rakkoo qabaataniidha. Kanaafuu barsiisuu yoo eegaltu kan isaan rakkise itti himuun ta'uu qaba. Yoo barattoonni ibsa guyyaa sanaa eegaluun dura sirritti hojjatan ibsa kee eegalu dandeecha. Ta'uu baanaan, garuu yaadota bu'uura ta'an keessa deebi'uun itti himuutu si irraa eegama.

Kanneen armaan gadii madaallii ibsaan dura godhamuu qaban akka yaadatti dhiyaatan:

- a. Barattoonni kana dura waa'ee mata durichaa beekuu isaanii madaali.
- b. Haala barsiisuu kee si'eessaa godhi.
- c. Akkaataa itti garee uumittuu fi qabxii itti kennitu dursii karoorsi.
- d. Barattoota keessatti fedhii hori.

2. Madaallii Ibsa Keessaa:

Madaalliin kun madaallii mata duricha ibsuu keessatti godhamu. Kanneen armaan gadii yommuu ibsitu waan gochuu qabdu.

- a. Haala barumsa barattoota ilaaluun si'eessuu qabda.
- b. Barattootaaf barnoonni galuu isaa mirkaneeffadhu. Maloota adda addaatti fayyadamuu dandeecha. Fakkeenyaaf, gaaffii afaanii, akka waan tokko hojjatan gaafachuun, marii goosisuunii fi kkf
- c. Barattoota gargaarsa dabalataa barbaadani fi of danda'an addaan baafadhu.
- d. Gilgaalota dandeettii barattoota wajjiin walsiman gaafachuun barattoota suuta baratan akka hojjatan gargaari. Barattoota cimoof immoo gilgaalota dabalataa kenni.
- e. Marii barattootaa jajjabeessi.

3. Madaallii Ibsa Boodaa:

Madaalliin kun madaallii ibsa booda godhamu yoo ta'u qabxii barattootaa kuusuu fi dandeettiin yaadame akka galma gahe mirkaneeffachuuf taasifama. Qabxii galmeessite irratti hundaa'uun wanta irra deebi'uu qabduu fi haala barsiisuu kee sirrii ta'uu fi dhiisuu isaa addaan baafatta. Dabalataanis qabxichi wanta barattoonni beekuu qaban ibsuu fi dhiisuu isaa addaan baafachuun haala barnoota itti aanuu itti barsiistu murteeffachuuf si gargaara.

Garee Uumuu fi Qajeelchuu

Garee haala adda addaatiin uumuun ni danda'ama. Isaaniis barattoota dandeettii wal hinfakkaanne qaban, dandeettii walfakkaatu, saalan yookiin hawaasummaa irratti hundaa'uun ta'uu danda'a. Garee yommuu uumnu of eegannoo fudhachuu qabna. Fakkeenyaaf, barattoonni dandeettii wal hin fakkaanne qaban yoo garee tokko ta'an rakkoowwan armaan gadii mudachuu danda'u.

1. Barattoota dandeettii olaanaa qaban duubatti harkisuu danda'a. Kanarratti gochaalee barattoota cimoo ta'u itti makuufiin barbaachisaadha.
2. Barattoonni cimoo fi suuta baratan walitti dhufeenya barsiisaa fi barataa uumuun barattoota dandeettii giddugaleessa qaban marii ala gochuu danda'u. Kanarratti barattoota dandeettii giddugaleessa qaban garee tokko keessatti ramaduu qabda.

Hojii garee yommuu kennitu miseensotaaf hojii adda addaa dhunfaa dhuunfaan kenniif. Isa booda miseensonni hunduu gahee isaanii fiduun walitti akka gabaasaan godhi. Haalchi akka barattoonni hunduu hojii irratti hirmaatan taasisa. Ati immoo gargaarsa godhiif.

Akkaataa Barattoota Ittiin Madaalan

Dandeettii gara garaa madaaluuf meeshaalee gara garaatti fayyadamna. Fakkeenyaaf dandeettiiwwan armaan gadiif meeshaan itti madaaluu dandeenyu ta'aniif jiru.

Dandeettii 1: Lakkoofsota hundaa hamma 1000,000tti jirran dubbisuu fi barreessuu

Meeshaa: Gaaffii Afaanii

Gaaffii : Lakkoofsota hundaa hamma 1000,000 tti jirrna dubbisi, barreessi.

Dandeettii 2: Barattoonni Lakkoofsota hundaa hamma 1000,000tti jiran ni ida'u, wal irra ni hir'isu, waliin ni maddaaluu.

Meeshaa: Battallee/ Hojii daree/ Hojii manaa

Gaaffii : Ida'i a) $20,000 + 7000 = \underline{\hspace{2cm}}$

b) $900023 > 8499$ dhugaadha?

Dandeettii 3: baay'isuu fi hiruu lakkoofasota hunda jireenya isaanitti ni fayyadamu.

Meeshaa: Abbaltii/ Piroojektii

Gaaffii : Konkolaatan tokkoo takkatti nama 60 qabat.

- a. Namoota 360000 si meeqatti fee'ata?

- b. Konkolaata kun Ambo irra gara Finfinneetti namoota konkoolata guttu si 15 dadeebi'ee geese. Namooni kun meeqa ta'uu?

Agam Madaalla

Kanneen armaan gadii agam akka madaaluu qabdu akka yaadatti kan dhiyaatan:

- Gochaalee daree/ Hojii daree: Guyyaa hundaa(Yommuu mijatu)
- Hojii manaa/ hojii garee: Akka barbaachisetti
- Abbaltii: Akka barbaachisetti
- Battallee: Xumura mata duree tokkootti

Akkaataa Qabxiin Itti Kennamu

Kanneen armaan gadii haala qabxii kennuu akka yaadatti dhiyaate waan ta'eef itti fayyadamuuf yaali.

- Qabxii baay'ee xiqqaan fedhii barattootaa hir'isuu waan danda'uuf qabxii baay'ee hinxiqqeesini. Yoo baay'ee xiqqaa fidan gati.
- Qabxii baay'ee olaanaa immoo kakka'umsa waan hir'isuuf baay'ee ol ka'aa hin kennini.

Haala kenniinsa qabxii akka yaadatti dhiyaate kanatti akkaata sitti tolutti mijeeffachuun itti fayyadami.

1. Abbaltii : 15%
2. Hojii manaa: 10%
3. Hojii daree, ibsa daree keessaa: 10%
4. Piroojektii (garee yookiin dhuunfaan): 15%
5. Shaakala: 10%
6. Battallee: 30%
7. Hirmaanaa, Qulqullina dabtaraa: 10%

Dabalataanis, hojii garee keessatti barattoonni foormii armaan gadii fayyadamuun akka walmadaalan haala mijeessi.

	A	B	C	D
Dandeettii of ibsuu				
Dandeettii barreeffaman hojii ibsuu				
Kaka'umsa				
Itti gaafatamummaa fudhachuu				
Nama biroof yaaduu				
Hirmaanaa				
Dandeettii dura bu'umaa				
Akka waliigalaatti				

Walmadaalli kanarratti hundaa'uun dura bu'aa yookiin garee jijjiiruun mijeessuu dandeecha.

Jijjiramaa fi Qabxii Barattootaa Maatiif Gabaasuu

Maatiin jijjiirama fi dandeettii ijoolleen isaanii kutaa keessatti qaban baruu qabu. Kunis karaa adda addaa ta'uu danda'a. Kanneen armaan gadii muraasa.

1. **Kaardiin gabaasuu:** Waggaatti yeroo lamaa hamma afuriiti ta'uu danda'a.
2. **Gabaasa jijjiiramaa barreeffamaan:** Torbeen/ Torbee lamaan/ Ji'aan/ Ji'a lamaan ta'uu danda'a.
3. **Konfirensii maatii fi barsiisotaa** (haala manni barumsaa karoorsetti)

Gabaasni dandeettii barattootaa abbaltii, piroojektii, hojii manaa, hojii garee fi kkf irratti hundaa'uu qaba. Fedhii fi amala nama wajjiin hojjachuu barattootaas itti makuu dandeecha. Gabaasa kee irratti hundaa'uu maatiin barattootaa barataa cimaa jajjabeessuu fi dadhabaa immoo akka cimuu gorsuu fi faana bu'uu akka qaban itti himi. Dabalataanis odeeffannoo maatii barattootaa irraa barbaaddu yoo jiraate carraa argachuuf karaa siif bana.

Haalonni armaan gadii walitti dhufeenya maatii barattootaa wajjiin qabdu cimsachuuf si gargaaruu danda'u.

1. Maatiin osoo wal hinargni qabxii barattootaa ilaali.
2. Qabxii bareedaa fi qabxii yaraa barattootaa irratti maatii wajjiin gadi fageenyaan mar'adhu.
3. Abdii soba ta'e hin kennini. Barattoonni dandeettii xiqqaa yoo qabaatan ifaan maatii isaaniiti himi.
4. Maatiin marii keessatti sirritti akka hirmaatan carraa kenniif.
5. Waa'ee barataa biraa itti himuun barbaachisaa miti. Barattoota biraa wajjiin walmadaalchisuun maatii isaatti hin himni. Barataan sun cimaa ta'uu isaa fi laafaa ta'uusaa qabxii isaa irratti hundaa'uu ibsi.
6. Furmaata irratti xiyyeeffadhu.

Yaadadhu: Akkaataa karoora kanaatiin waan gochuu barbaaddu (madaallii fi al meeqa akka madaaltu) samisteera yookiin waggaa dura itti qophaa'i.

BAAFATA

Boqonnaa 1	LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA	
	1,000,000TTI JIRAN	1
1.1	Keessa Deebii Lakkoofsota Hundaa Hamma 10,000tti Jiran	2
1.2	Baay’attoota 1000, 10000 Fi 100000.....	4
1.3	Lakkoofsota Hundaa Hamma 1,000,000 tti Jiran	7
1.4	Gatii Bakkaa Lakkoofsota Dijitoota Ja’a Qabanii	10
1.5	Lakkoofsota Hundaa Hamma 1,000,000tti Jiran Waliin Madaaluu Fi Tariibessuu	13
1.6	Lakkoofsota Walitti Siqsuun Tilmaamdhiyoon Ibsuu	15
Boqonnaa 2	QOYYABOOTA ARFAN LAKKOOF SOTA HUNDAA	
	HAMMA 1,000,000TTI JIRAN IRRATTI	19
2.1	Ida’uu fi Hir’isuu Lakkoofsota Hundaa Hamma 1,000,000tti Jiranii	20
2.2	Baay’isuu Lakkoofsota Hundaa Baay’ataan 1,000,000 Hin Caallee.....	25
2.3	Lakkoofsota Hundaa Hamma 1,000,000’tti Jiran Lakkoofsota Dijitii Tokkoo fi 10’f Hiruu	28
Boqonnaa 3	FIRAAKSHINOOTAA FI DEESIMAALOTA.....	32
3.1	Firaakshinoota Akka Kutaawwan Guutuu Waan Tokkootti.....	33
3.2	Firaakshinoota Waamsisaan Walqixaa Waliin Madaaluufi Tariibessuu	35
3.3	Ida’uu fi Hir’isuu Firaakishinoota Waamsisaan Walqixaa	37
3.4	Firaakshinoota Walgitaa	39
3.5	Kurnaffoota, Dhibbaffootaa fi Deesimaalota	41

3.6	Deesimaalota Bakkeewwan Lama Lama Qaban Waliin Madaaluu Fi Tartiibessuu	44
3.7	Deesimaalota Bakkeewwan Lama Lama Qaban Walitti Ida'uu Fi Walirraa Hir'isuu	46
Boqonnaa 4	SAFAROOTA	49
4.1	Safartoota Dheerinaa.....	50
4.2	Safaroota Hangaa	56
4.3	Safaroota Qabee Dhangala'oo	61
Boqonnaa 5	BOCOOTAA FI JABOOWWAAN.....	65
5.1	Kofa Sirrii	66
5.2	Tuqaalee, Sararoota Qajeeloo fi Diriiroowwan	67
5.3	Bal'inaa FI NAANNAWAA REKTAANGILII FI ISKUWEERII	69
5.4	Jaboowwan Sassaalphoo	72
Boqonnaa 6	YEROO	75
6.1	Sa'aatii Daqiiqaa fi Sakoondii	76
6.2	Yuunitoota Yerootiin Shallaguu	77
6.3	Safaroota Yeroo Waliin Madaaluu.....	82
Boqonnaa 7	QABANNAA DAATAA.....	85
7.1	Daataa Kennameef Baargiraafii Ijaaruu.....	86
7.2	Baargiraafii Ibsuu.....	89
7.3	Giddu-Galeessa (Avereejii) Lakkoofsota Hundaa.....	90
Silabasii	Barnoota Herrega Kutaa Arfaaa.....	92

BOQONNAA 1 LAKKOOFSSOTA HUNDAA HAMMA 1,000,000TTI JIRAN

SEENSA

Wantootaa baay'ee naannoo keenyatti argamanii fi jireenya keenya keessatti nu quunnaman lakkoofsota hundaatti gargaaramuun ibsina.

Fakkeenyaaf

- *Barattoota kutaa tokko keessatti baratan;*
- *Baay'ina namoota ganda keenyaa;*
- *Baay'ina quba harka keenyaa fi miila keenyaa;*
- *Baay'ina horii namni tokko qabuu fi kan kana fakkaatan lakkoofsa hundaan ibsina.*

Kanaafuu, lakkoofsota hundaa sirriitti hubannoo fi ciminaan barachuun naannoo keenya haalaan akka hubannu nu gargaara.

Kaayyoo boqonnaa kanaa

Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda, barattoonni:-

- *Lakkoofsota hundaa hamma 10,000tti jiran ni barreessu, ni dubbisu, waliin ni madaalu akkasumas ni tartiibessu.*
- *Baay'attoota 10,000 fi 100,000 hamma 1,000,000 tti jiran ni barbaadu, ni dubbisu walitti ni ida'u, wal irraa ni hir'isu, waliin ni madaalu, akkasumas ni tartiibessu.*
- *Lakkoofsota dijiitoota ja'a qaban mana lakkoofsota isaaniitiin ni ibsu.*
- *Lakkoofsota hundaa hamma 1,000,000tti jiran waliin ni madaalu akkasumas ni tartiibessu.*
- *Lakkoofsota gara mana kudhaniitti, dhibbaatti, kumaatti, kuma kudhaniitii fi mana kuma dhibbaatti siqsuun tilmaam-dhiyoon ni ibsu.*

Meeshaalee deeggersa barnootaa

- Gabatee baay'attoota 1000, 10,000 fi 100,000
- Gabatee gatii bakkaa argisiisu.
- Boronqii halluu adda addaa qabu.
- Ulee dheerina adda addaa qabu.

1.1 KEESSA DEEBII LAKKOOF SOTA HUNDA A HAMMA 10,000TTI JIRAN

Wayitiin Ramadameef: wayitii 3

Kaayyoo Gooree

Xumura barnoota mata-duree kanaa booda, barattoonni:-

- ✚ *Lakkoofsota hundaa hamma 10,000 tti jiran ni barreessu, ni dubbisu, waliin ni madaalu, ni tartiibessu.*

Jechoota ijoo: Lakkoofsota hundaa, Dubbisuu, Barreessuu, Waliin madaaluu, Tartiibessuu.

Seensa

Mata duree kana jalatti, barattoonni lakkoofsota hundaa hamma 10,000tti jiran dubbisuu fi barreessuu waan kutaa 3^{ffaa} keessatti barataniif, amma immoo keessa deebi'anii akka yaadatantu taasisama. Ittiaansuun, lakkoofsotuma kana waliin madaaluufi tartiibessuu akka keessa deebiitti kan kutaa 3^{ffaa} wajjiin walqabsiisuun ni baratu.

Mala baruu barsiisuu

Mata-duree kana jalatti, barattoonni haalaan keessa deebi'uun lakkoofsota hundaa hamma 10,000 tti jiran.

- Barreessuu, waliin madaaluu fi tartiibessuu akka shaakalan haala mijeessuu.
- Barattoonni cimdii cimdii ta'anii lakkoofsota hundaa hamma 10,000tti jiran keessaa lakkoofsota shan-shan barreessanii, hiriyyootni isaanii akka tartiibeessan gaafachuun haala itti shaakalan mijeessuu.
- Fakkeeniyota kitaaba barataa keessa jiran haala itti hubachuu danda'anii fi itti gargaaraman mijeessuu.
- Hojiin daree gilgaala 1.1A fi 1.1B keessaa filamee akka kennamuu fi sirraa'u gochuu.
- Hojii manaa Gilgaala 1.1A fi 1.1B kennuu

Deebii Gocha 1.1A

1. a. 65 → jaatamii shan

- b. 324 → dhibba sadii fi digdamii afur
 - c. 6742 → kuma ja'aa fi dhibba toorbaafi afurtamii lama
 - d. 9999 → kuma sagalii fi dhibba sagalii fi sagaltamii sagal
2. a. kudha afur → 14
 - b. dhibba sadii fi shan → 305
 - c. kuma shanii fi tokko → 5001
3. 994

Deebii Gilgaala 1.1A

1. a. 374 → dhibba sadii fi torbaatamii afur
 - b. 888 → dhibba saddeetii fi saddeettamii saddeet
 - c. 7260 → kuma toorbaa fi dhibba lamaa fi jaatama
 - d. 9009 → kuma sagalii fi sagal
 - e. 10,000 → kuma kudhan.
2. a. 742 b. 933 c. 5666 d. 8671
3. a. 2000 b. 1052 c. 3206

Deebii Gocha 1.1B

1. a. 767 tu irra guddaa 676 ti. b. 992 irra xiqqaa 3421ti.
2. Tartiibaan xiqqaa irraa gara guddaatti.
98, 362, 5478, 9011.

Deebii Gilgaala 1.1B

- | | Guddaa | xiqqaa |
|-------|---|--------|
| 1. b. | 9524 > 3480 > 1345 | |
| c. | 10,000 > 999 > 85 | |
| | xiqqaa | Guddaa |
| 2. b. | 214 < 344 < 469 | |
| c. | 9001 < 9909 < 10,000 | |
| 3. | Manni barumsaa C n barattoota baay'ee qaba. | |
| | Manni barumsaa B n barattoota xiqqoo qaba. | |

Tartiibaan guddaa irraa gara xiqqaatti

9909 > 9844 > 876

9909, 9844, 876

Hordoffii fi madaallii

Barattoonni waan baratan haalaan hubannoo argachuu isaanii addaan baafachuuf (kaayyoon galma ga'uu baruuf)

- Lakkoofsota hamma 10,000tti jiran keessaa shanan isaaniif kennuun akka dubbisan gaafachuu.
- Lakkoofsota jechaan barreeffamanii jiran akka dijiitotaan barreessan gaafachuu
- Lakkoofsota kennaman akka waliin madaalanii fi tartiibessan gaafachuu.

1.2 BAAY'ATTOOTA 1,000, 10,000 FI 100,000

Wayitiin Ramadameef: wayitii 3

Kaayyoo Gooree

Xumura barnoota mata-duree kanaa booda, barattoonni:-

- ✚ Baay'attoota 1,000 kanneen hamma 1,000, 000tti jiran ni himu.
- ✚ Baay'attoota 10,000 kanneen hamma 1,000,000tti jiran ni himu.
- ✚ Baay'attoota 100,000 kanneen hamma 1,000,000tti jiran ni himu.
- ✚ Baay'attoota 1,000 lamaan kanneen ida'amni isaanii 1000,000 hincaalee walitti ni ida'u.
- ✚ Baay'attoota 10,000 lamaan kanneen ida'amni isaanii 1,000,000 hincaalle walitti ni ida'u.
- ✚ Baay'attoota 100,000 lamaan kanneen ida'amni isaanii 1,000,000 hincaalle walitti ni ida'u.
- ✚ Baay'attoota 1,000 kanneen hir'isaan hir'ataa hincaalle walirraa ni hir'isu.
- ✚ Baay'attoota 10,000 kanneen hir'isaan hir'ataa hincaalle walirraa ni hir'isu.
- ✚ Baay'attoota 100,000 kanneen hir'isaan hir'ataa hincaalle walirraa ni hir'isu.
- ✚ Baay'attoota 1000,10,000 fi 100,000 waliin ni madaalu akkasumas ni tartiibessu.

Jechoota ijoo: Baay'attoota, Baay'attoota walitti ida'uu, Baay'attoota walirraa hir'isuu, Baay'attoota waliin madaaluu

Seensa

Mata – duree kana jalatti barattootni baay'attoota 1000, 10,000 fi 100,000 barbaaduu, baay'attoota kana walitti ida'uu, Walirraa hir'isuu, waliin madaaluu fi tartiibessuu irratti haalaan hubannoo akka argataniif qophaa'eera.

Mala baruu barsiisuu

- Barattoonni gareen ta'anii akkaataa isaan itti baay'attoota 1000 argachuu danda'an irratti akka shaakalan haala mijeessuu.

- Barattoonni qofa qofaa isaanii ta'anii akkaataa isaan itti baay'attoota 10,000 argachuu danda'an irratti akka shaakalan haala mijeessuu.
- Akkaataa itti baay'attoota 100,000 argachuu danda'an akka hubatan taasisuuf haala mijeessuu.
- Barattoonni akkaataa baay'attoota 1000, 10,000 fi 100,000 walitti ida'uu fi walirraa hir'isuu danda'an irratti haala mijeessuu.
- Akkaataa barattoonni baay'attoota 1000, 10,000 fi 100,000 waliin madaaluu fi tartiibessuu danda'an akka shaakalan gargaaruu.
- Barattoonni akka gaaffii gaafatanii fi hirmaannaa cimaa godhaniif dadammaqsuu.
- Fakkeenya kenname hubachuu isaanii dhugoomfachuu (mirkaneeffachuu)
- Gocha 1.2A fi Gocha 1.2B gareen ta'anii akka hojjetaniif haala mijeessuu.
- Hojii daree Gilgaala 1.2A'fi 1.2B keessaa filanii kennuu fi isaas sirreessuu.
- Mata –duree kana guduunfaan xumuruu.

Deebii Gocha 1.2A

- | | | | | | |
|----|------------------------------|----|------------------------------|----|------------------------------|
| a. | $1 \times 1000 = 1000$ | b. | $2 \times 1000 = 2000$ | c. | $3 \times 1000 = 3000$ |
| d. | $1 \times 10,000 = 10,000$ | e. | $2 \times 10,000 = 20,000$ | f. | $3 \times 10,000 = 30,000$ |
| g. | $1 \times 100,000 = 100,000$ | h. | $2 \times 100,000 = 200,000$ | i. | $3 \times 100,000 = 300,000$ |

Deebii Gilgaala 1.2A

- a. i. $4 \times 1000 = 4000$
 ii. $8 \times 1000 = 8000$
- b. $9 \times 10,000m = 90,000m$
- c. $8 \times \text{qarshii } 1000 = \text{qarshii } 8000$
- d. $7 \times \text{qarshii } 100,000 = \text{qarshii } 700,000$

Deebii Gocha 1.2B

- | | | | | |
|----|----|-------------------------------|----|-------------------------------|
| 2. | a. | $0 + 0 = 0$ | b. | $0 - 0 = 0$ |
| | c. | $2,000 + 1,000 = 3,000$ | d. | $3,000 + 2,000 = 5,000$ |
| | e. | $7,000 - 4,000 = 3,000$ | f. | $20,000 + 10,000 = 30,000$ |
| | g. | $30,000 + 20,000 = 50,000$ | h. | $70,000 - 40,000 = 30,000$ |
| | i. | $200,000 - 100,000 = 100,000$ | j. | $300,000 + 200,000 = 500,000$ |
| | k. | $700,000 - 400,000 = 300,000$ | | |

Deebii Gilgaala 1.2B

1.
 - a. $2000 + 7000 = 9000$
 - b. $5000 + 3000 = 8000$
 - c. $4000 + 6000 = 10,000$
 - d. $1000 + 9000 = 10,000$
 - e. $20,000 + 40,000 = 60,000$
 - f. $30,000 + 30,000 = 60,000$
 - g. $10,000 + 80,000 = 90,000$
 - h. $50,000 + 50,000 = 100,000$
 - i. $100,000 + 600,000 = 700,000$
 - j. $300,000 + 500,000 = 800,000$
 - k. $700,000 + 100,000 = 800,000$
 - l. $200,000 + 800,000 = 1,000,000$
2.
 - a. $4000 - 2000 = 2000$
 - b. $5000 - 1000 = 4000$
 - c. $9,000 - 6,000 = 3000$
 - d. $7000 - 2000 = 5000$
 - e. $50,000 - 40,000 = 10,000$
 - f. $60,000 - 30,000 = 30,000$
 - g. $80,000 - 20,000 = 60,000$
 - h. $90,000 - 50,000 = 40,000$
 - i. $400,000 - 100,000 = 300,000$
 - j. $500,000 - 200,000 = 300,000$
 - k. $900,000 - 100,000 = 800,000$
 - l. $900,000 - 800,000 = 100,000$
3.
 - a. $1000 \text{ hek} + 3000 \text{ hek} = \text{hektaara } 4,000$
 - b. $\text{qarshii } 800,000 + \text{qarshii } 90,000 = \text{qarshii } 890,000$
 - c. $\text{Baay'ina dubaraa} = \text{Baayina uummataa} - \text{Baayina dhiiraa}$
 $= 3000 - 2000 = 1,000$

Deebii Hojii Garee

Baay'ina namoota mana hinqabnee = Baay'ina namoota walii gala-Baayina namoota mana qabanii
 $= 700,000 - 400,000 = 300,000$

Deebii Gocha 1.2C

1.
 - a. 10,000 7,000n caala, sababni isaas 10,000 dijitoota shan yoo qabaatu, 7,000 immoo dijitoota afur qaba.
 - b. 300,000tu caala, sababni isaas 300,000 dijitoota ja'a yoo qabaatu, 70,000 immoo dijitoota shan qofa qaba.
 - c. 8,000tu caala sababni isaas, 8,000 keessatti manni kumaa saddeet yoo ta'u 5,000 keessatti immoo manni kumaa shan ($8 > 5$)
 - d. 900,000tu caala, sababni isaas, mana kuma kudhanii keessatti $9 > 7$ waan ta'ee.
2.
 - a. 4000 tu xiqqaadha. Sababni isaas baay'inni dijitoota 4000 afur yoo ta'u kan 20,000 immoo shan waan ta'eef.
 - b. 90,000 tu xiqqaadha. sababni isaas baay'inni dijitoota 90,000 shan yoo ta'u kan 300,000 immoo ja'a waan ta'eef

- c. 70,000 tu xiqqaadha. sababni isaas $7 < 9$ waan ta'eef
- d. 700,000 tu xiqqaadha. sababni isaas $7 < 9$ waan ta'eef.
- 3. Lachanuu wal-qixa ulfaatu. Sababni isaas hanga wal-qixa waan qabaniif.
- 4. Jirbii 900,000 kg tu irra ulfaata sabni isaas $9 > 4$ wan ta'eef
- 5. lafa hektaara 70,000'tu irra bal'ata sababni isaas $7 > 3$ waan ta'eef
- 6. konkolaataa abbaa qarshii 50,000'tu gatiin isaa xiqqoodha. sababni isaas $5 < 8$ waan ta'eef.

Hordoffii fi madaallii

Barattoonni waan baratan irratti haalaan hubannoo argachuu isaanii addaan baafachuuf:






- Baay'attoota 1000, 10,000 fi 100,000 akka barbaadan gaafachuun madaali
- Baay'attoota 1000, 10,000 fi 100,000 kan ida'amni isaanii 1000,000 hincaalleefi kan hir'isaan hir'ataa hincaalle akka walitti ida'anii fi walirraa hir'isan gaafachuun madaali.
- Baay'attoota 1000 akka waliin madaalanii fi tartiibessan gaafachuu.
- Baay'attoota 10,000 akka waliin madaalanii fi tartiibessan gaafachuu.
- Baay'attoota 100,000 akka waliin madaalanii fi tartiibessan gaafachuu.

1.3 LAKKOFSOTA HUNDA HAMMA 1,000,000 TTI JIRAN

Wayitiin Ramadameef: wayitii 4

Kaayyoo Gooree

Xumura barnoota mata-duree kanaa booda, barattoonni:-

-  Baay'attoota 1000'fi lakkoofsota hundaa hamma 1,000,000 tti jiran walitti ni ida'u
-  Baay'attoota 10,000'fi lakkoofsota hundaa hamma 1000,000tti jiran walitti ni ida'u.
-  Baay'attoota 100,000'fi lakkoofsota hundaa hamma 1,000,000 tti jiran walitti ni ida'u.
-  Lakkoofsota hundaa hamma 1,000,000 tti jiran ni dubbisu.
-  Lakkoofsota hundaa hamma 1,000,000 tti jiran ni barreessu ni ibsu.

Jechoota ijoo: Walitti ida'uu, Dubbisuu, Barreessuu, Ibsuu.

Seensa

Mata – duree 1.2 jalatti baay'attoota 1000; 10,000'fi 100,000 walitti ida'uu barachuun isaanii ni yaadatama. Mata-duree kana jalatti immoo baay'attootuma 1000; 10,000'fi 100,000 kan ida'amni isaanii 1,000,000 hincaallee ni ida'u.

Mala baruu - barsiisuu

- Barattoonni gabatee baay'attoota 1000, 10,000 fi 100,000 akka qopheessan gargaaruu.

- Barattoonni baay'attoota 1000, 10,000 fi 100,000 lakkoofsota hundaa kennamanirratti ida'uu akka shaakalan haala mijeessuu.
- Barattoonni lakkoofsota hundaa hamma 1,000,000tti jiran akka dubbisanii fi barreessan gargaaruu.
- Fakkeeniyota kennaman hordofuun hojjechuu akka shaakalan mijeessuu.
- Gocha 1.3A fi Gocha 1.3B akka gareen hojjetaniif garee uumuu
- Hojii daree gilgaala keessaa filanii kennuu
- Barattoonni gaaffii sodaa malee akka gaafatan jajjabeessuu.
- Barnoota mata- duree kanaa guduunfaan xumuruu.

Deebii Gocha 1.3 A

- a. $1 + 0 = 1$ b. $0 + 3 = 3$ c. $9 + 0 = 9$
 d. $6 + 0 = 6$ e. $0 + 2 = 2$ f. $4 + 0 = 4$

Deebii Gilgaala 1.3A

1. a. $1132 + 3000 = 4,132$ b. $3841 + 5000 = 8,841$
 c. $11,773 + 30,000 = 41,773$ d. $22,873 + 50,000 = 72,873$
 e. $431,564 + 300,000 = 731,564$ f. $349,670 + 500,000 = 849,670$

2.

Lakkoofsota hundaa	Baay'attoota 1000	Ida'ama
438	2000	2438
895	3000	3895
3485	4000	7,485
1797	7000	8,797
Lakkoofsota hundaa	Baay'attoota 10,000	Ida'ama
899	10,000	10,899
72,136	20,000	92,136
13,732	30,000	43,732
57,000	50,000	107,000
Lakkoofsota hundaa	Baay'attoota 100,000	Ida'ama
12,000	100,000	112,000
136,721	400,000	536,721
415,322	500,000	915,322
100,000	900,000	1,000,000

3. a.
Baay'ina kitaabota bitamanii = $5,300 + 3000 = 8,300$
- b. Gatii konkolaataa qonnaa kan baranaa
= Gatii bara darbee + gatii dabale
= qarshii (100,000 + 3,500)
= qarshii 103,500

Deebii Gocha 1.3B

1. a. 437 → dhibba afurii fi soddonii torba
b. 6590 → kuma ja'aa fi dhibba shanii fi sagaltama
c. 61,201 → kuma jaatamii tokkoofi dhibba lamaa fi tokko
d. 432015 → kuma dhibba afurii fi kuma soddonii lamaa fi kudha shan
2. a. 32,079 b. 300,008

Deebii Gilgaala 1.3B

1. a. 7,342 → kuma torbaa fi dhibba sadiifi afurtamii lama
b. 10,732 → kuma kudhanii fi dhibba toorbaa fi soddonii lama
c. 38,593 → kuma soddonii saddeetiifi dhibba shanii fi sagaltamii sadii
d. 25,877 → kuma digdamii shanii fi dhibba saddeetii fi torbaatamii torba.
e. 98,299 → kuma sagaltamii saddeetii fi dhibba lamaa fi sagaltamii sagal
f. 99,102 → kuma sagaltamii sagalii fi dhibba tokkoo fi lama
g. 204,546 → kuma dhibba lamaa fi kuma afurii fi dhibba shanii fi afurtamii ja'a
h. 547, 642 → kuma dhibba shanii fi kuma afurtamii torbaa fi dhibba ja'aa fi afurtamii lama
i. 549,732 → kuma dhibba shanii fi kuma afurtamii sagalii fi dhibba torbaa fi soddonii lama
j. 642,564 → kuma dhibba ja'aa fi kuma afurtamii lamaa fi dhibba shanii fi jaatamii afur
k. 763, 000 → kuma dhibba torbaa fi kuma jaatamii sadii
1. 999,999 → Kuma dhibba sagalii fi kuma sagaltamii sagaliifi dhibba sagaliifi sagaltamii sagal
2. a. 3054 b. 8009 c. 12,648
d. 89,099 e. 744,803 f. 986,597

Hordoffii fi Madaallii

Barattoonni waan baratan haalaan hubannoo argachuu isaanii addaan baafachuuf,

- Lakkoofsota hundaa akka baay'attoota 1000 tti ida'an gaafachuu.
- Lakkoofsota hundaa akka baay'attoota 10,000 tti ida'an gaafachuu.
- Lakkoofsota hundaa akka baay'attoota 100,000 tti ida'an gaafachuu.
- Lakkoofsa hundaa hamma 1,000,000'tti jiran akka dubbisaniif fi barreessan gaafachuu.

1.4 GATII BAKKAA LAKKOOFSA DIJITOOTA JA'A QABANII

Wayitiin Ramadameef: wayitii 5

Kaayyoo Gooree

Xumura barnoota mata-duree kanaa booda barattoonni;

- ✚ *Lakkoofsota dijiitii ja'a qaban mana isaaniitiin ni ibsu.*

Jechoota ijoo: Gatii bakkaa, Gabatee mana lakkoofsaa

Seensa

Mata –duree kana jalatti, barattoonni lakkoofsota hundaa kennaman mana lakkoofsaa isaaniitiin ibsuu fi gabatee mana lakkoofsaa qopheessuun haala itti guutuu danda'an ni baratu.

Mala baruu - barsiisuu

- Gabatee mana lakkoofsotaa ibsu akka armaan gaditti dhiyaatetti lakkoofsota kennaman manneen lakkoofsaa isaaniin ibsuu akka shaakalan gargaaruu.

a.

Mana Kudhanii	Mana tokkoo

b.

Mana dhibbaa	Mana kudhanii	Mana tokkoo

c.

Mana kumaa	Mana dhibbaa	Mana kudhanii	Mana tokkoo

d.

Mana kuma kudhanii	Mana kumaa	Mana dhibbaa	Mana kudhanii	Mana tokkoo

e.

Mana kuma dhibbaa	Mana kuma kudhanii	Mana kumaa	Mana dhibbaa	Mana kudhanii	Mana tokkoo

- Gabatee armaan olitti qophaa'e akka ofiin qopheessan haala mijeessuufii.
- Gocha 1.4 akka gareen hojjetan gargaaruu.
- Barattoonni akka gaaffii gaafatanii fi hirmaannaa godhan kakaasuu.

- Fakkeenya akka haalaan hubatanii fi gaaffii dabalataa hojjechuu.
- Hojii daree fi hojii manaa hojjechiisuu.
- Barnoota mata-duree kanaa guduunfaan xumuruu.

Deebii Gocha 1.4

- a. 58 → kurnoota shanii fi tokkee saddeet b. 572 → dhibboota shanii fi tokkee lama
- c. 4387 → kumoota afurtu jira d. 27,046 → kumoota kudhan lamatu jira
- e. 567,004 → kumoota dhibbaa shantu jira.

Deebii Gilgaala 1.4

1.

	Lakkoofsota hundaa	Mana kuma kudhanii	Mana kumaa	Mana dhibbaa	Mana kudhanii	Mana tokkoo
a.	97				9	7
b.	376			3	7	6
c.	4332		4	3	3	2
d.	1038		1	0	3	8
e.	22,784	2	2	7	8	4

	Lakkoofsota hundaa	Mana kuma dhibbaa	Mana kuma kudhanii	Mana kumaa	Mana dhibbaa	Mana kudhanii	Mana tokkoo
f.	111,001	1	1	1	0	0	1
g.	784,345	7	8	4	3	4	5
h.	834,299	8	3	4	2	9	9
i.	994,842	9	9	4	8	4	2
j.	777,777	7	7	7	7	7	7
k.	732,107	7	3	2	1	0	7
l.	831,456	8	3	1	4	5	6

2. a. $\underline{73}$ → sadii mana tokkee agarsiisa

- b. $\underline{59} \rightarrow$ shan mana kudhanii agarsiisa
- c. $\underline{724} \rightarrow$ toorba mana dhibbaa agarsiisa
- d. $\underline{4805} \rightarrow$ zeeroon mana kudhanii agarsiisa
- e. $\underline{34,004} \rightarrow$ sadii mana kuma kudhanii agarsiisa
- f. $\underline{44,842} \rightarrow$ saddeet mana dhibbaa agarsiisa
- g. $\underline{367,942} \rightarrow$ sadii mana kuma dhibbaa agarsiisa
- h. $\underline{584,009} \rightarrow$ saddeet mana kuma kudhanii agarsiisa
- i. $\underline{894,235} \rightarrow$ sagal mana kuma kudhanii agarsiisa
- j. $\underline{432,109} \rightarrow$ afur mana kuma dhibbaa agarsiisa
- k. $\underline{700,001} \rightarrow$ zeeroo inni jala sararame mana kuma kudhanii agarsiisa
- l. $\underline{141,783} \rightarrow$ torba mana dhibbaa agarsiisa

3.

Lakkoofsota hundaa	Mana kuma dhibbaa	Mana kuma kudhanii	Mana kumaa	Mana dhibbaa	Mana kudhani	Mana tokkoo
879				8	7	9
7321			7	3	2	1
8001			8	0	0	1
23,007		2	3	0	0	7
68,572		6	8	5	7	2
345,672	3	4	5	6	7	2
897,301	8	9	7	3	0	1
901,003	9	0	1	0	0	3

Hordoffii fi Madaallii

Barattoonni waan baratan haalaan hubannoo argachuu isaanii addaan baafachuuf:

- Lakkoofsota kennaman mana lakkoofsa isaaniin akka ibsan gaafachuun madaaluu.

1.5 LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA 1,000,000TTI JIRAN WALIIN MADAALUU FI TARTIIBESSUU

Wayitiin Ramadameef: wayitii 5

Kaayyoo Gooree

Xumura barnoota mata-duree kanaa booda, barattoonni:

-  Lakkoofsota hundaa hamma 1,000,000tti jiran waliin ni madaalu, ni tartiibessu.

Jechoota ijoo: Waliin madaaluu, tartiibessuu.

Seensa

Barattoonni, lakkoofsota hundaa waliin madaaluu fi tartiibessuu barachuuf seerota lakkoofsota waliin madaaluu yaadachiisuun, barbaachisaadha.

Mala baruu barsiisuu

- Barattoonni lakkoofsota kennaman waliin madaaluu akka shaakalan gargaaruu.
- Barattoonni lakkoofsota kennaman xiqqaa irraa gara guddaatti akka tartiibessan haala itti shaakalan mijeessuu.
- Lakkoofsota kennaman guddaa irraa gara xiqqaatti tartiibessuu haala itti shaakalan mijeessuu.
- Lakkoofsota kennaman lamaan gidduu lakkoofsota jiran (yoo jiraate) barbaadanii argachuu, akka shaakalan gargaaruu.

Barattoonni cimdii cimdiin ta’anii lakkoofsota kennaman akka waliin madaalanii fi tartiibessan haala mijeessuu.

Fakkeeniyota kitaaba barataa keessatti kennaman haalaan akka hubatan gargaaruu.

Barattoonni akka gaafachuu fi deebisuu danda’an haala mijeessuu.

Hojii daree fi hojii mana kennameef sirriitti hojjechuu isaanii hordofuu.

Deebii Gocha 1. 5A

- a. 1110 tu caala b. 9432 tu caala.

Deebii Gilgaala 1.5A

1. a. $4,253 < 10,011$ dhugaadha. Sababni isaas dijitootni 10,011 shan yoo ta’u, kan 4,253 immoo afur.
- b. $45,999 > 45,994$ dhugaadha. sababni isaas $9 > 4$ waan ta’eef
- c. $444,532 > 454,532$ soba. sababni isaas $4 < 5$ waan ta’eef
- d. $824,536 > 824,526$ dhugaadha. sababni isaas $3 > 2$ waan ta’eef

- e. $\underline{74,425} > \underline{69,004}$ dhugaadha. sababni isaas $7 > 6$ waan ta'eef
- f. $\underline{90,421} < \underline{89,976}$ sobadha. sababni isaas $9 > 8$ waan ta'eef
- g. $\underline{900,006} < \underline{900,101}$ dhugaadha. sababni isaas $0 < 1$ waan ta'eef
- h. $1000,000 < 999,999$ soba. sababni isaas 1,000,000 dijitoota torba yoo qabaaatu, 999,999 immoo dijitoota ja'a qaba.
2. a. $\underline{4,200} > \underline{2,400}$. Sababni isaas $4 > 2$ waan ta'eef
- b. $\underline{111,345} < \underline{190,000}$ sababni isaas $1 < 9$ waan ta'eef.
- c. $521,000 > 50,987$ sababni isaas 521,000 dijitoota ja'a yoo qabaaatu, 50,987 immoo dijitoota shan qaba.
- d. $413,564 = 413,564$ sababni isaas baay'inni dijitootaa fi gosti lakkoofsa tokko waan ta'eef.
- e. $\underline{80,404} > \underline{80,240}$ sababni isaas $4 > 2$ waan ta'eef
- f. $\underline{289,456} < \underline{611,999}$ sababni isaas $2 < 6$ waan ta'eef
- g. $\underline{654,321} > \underline{563,412}$ sababni isaas $6 > 5$ waan ta'eef
- h. $1,000,000 > 987,654$ sababni isaas baay'inni dijitoota 1,000,000 toorba yoo ta'u kan 987,654 immoo ja'a.

Deebii Gocha 1.5 B

1. Guddaa xiqqaa
- a. 452,173 374,342
- b. 947,751 649,535
- c. 787,777 777,777
2. Lakkoofsota 66 fi 76 gidduu jiran;
67, 68, 69, 70, 71, 72, 73, 74, fi 75

Deebii Gilgaala 1.5B

1. Guddaa \longrightarrow xiqqaa
- b. 25,732 20,117 15,878
- c. 599,999 564,321 78,143
- d. 671,002 621,800 431,899
- e. 999,000 900,009 800,777
- f. 999,999 977,888 899,999

2. Xiqqaa \longrightarrow Guddaa
- b. 5,214 7,321 9,456
- c. 4,213 73,214 89,431
- d. 193,476 832,149 835,678
- e. 793,001 794,001 973,001
- f. 990,999 999,999 1,000,000
3. a. 306,422 306,423 306,424 fi 306,425
- b. 483,215 483,216 483,217 483,218 fi 483,219
- c. 790,001 790,002 790,003 790,004 790,005 790,006 790,007 790,008 fi 790,009
- d. 879,999 fi 880,000

Hordoffii fi madaallii

Barattoonni waan baratan irratti haalaan hubannoo argachuu isaanii mirkaneeffachuuf:



- Lakkoofsota dijiitii ja'a qaban akka waliin madaalan gaafachuu.
- Mallattoolee “<”, “=” fi “>” tti gargaaramanii hariiroo lakkoofsota kennaman gidduu jiru akka ibsan gaafachuu.
- Lakkoofsota dijiitoota hamma ja'aatti qaban erga waliin madaalanii booda:-
 - Xiqqaa irraa gara guddaatti akka tartiibessan gaafachuu.
 - Guddaa irraa gara xiqqaatti akka tartiibaan ka'aan gaafachuu.

1.6 LAKKOF SOTA WALITTI SIQSUUN TILMAAMDHIYOON IBSUU

Wayitiin Ramadameef: wayitii 5

Kaayyoo Gooree

Xumura barnoota kanaa booda, barattoonni:

-  *Mallattoo tilmaamdhiyootti ni gargaaramu*
-  *Lakkoofsota hundaa hamma 1,000,000tti jiran gara manaa kudhanii, dhibbaa, kumaa, kuma kudhanii fi kuma dhibbaatti ni siqsu.*

Jechoota ijoo: Gatii bakkaa mana tilmaamdhiyoo, Siqsuu, Mallattoo tilmaamdhiyoo.

Seensa

Mata-duree kana jalatti, barattoonni, kan bal'inaan baratan lakkoofsota hundaa kennaman gara mana tilmaamdhiyoo barbaadameetti siqsuu ni baratu.

Mala baruu-barsiiisuu

- Tilmaamdhiyoon jireenya dhala namaa keessatti:
 - Baay'ina uummataa ibsu irratti,
 - Baay'ina horii godina tokko keessa jiran ibsuu irratti,
 - Fageenya magaalaa guddoo godinaalee lama gidduu jiru ibsuu irratti
 - Dheerina muka guddaa tokkoo ibsuu fi kan kana fakkaatan ibsuuf irrattii barbaachisaa ta'uu hubachuu qabu.

Mallattootti gargaaramanii tilmaamdhiyoo akka ibsan gargaaruu.

Lakkoofsota mallattoo tilmaamdhiyootti gargaaramanii akka gara mana kudhanii, dhibbaa, kumaa, kuma kudhanii fi kuma dhibbaatti siqsuu shaakalan gargaaruu.

Fakkeenya kitaaba barataa irratti kennaman akka haalaan hubatan gargaaruu.

- Hojii garee, gocha 1.6A fi gocha 1.6B akka gareen ta'anii hubatan gargaaruu.
- Hojii daree kennuu fi raawwii isaanii hordofuu.
- Hojii mana gilgala 1.6A fi 1.6B keessaa kennuun deebii isaanii hordofuu.
- Barattoota akka gaafatanii fi akka deebisan carraa kennuufii.
- Barnoota mata-duree kanaa guduunfaan xumuruu.

Deebii Gocha 1.6A

1. Lakkoofsi 12, 10 tti dhiyaata
2. Lakkoofsi 18, 20 tti dhiyaata.
3. Lakkoofsi 433, 400 tti dhiyaata.
4. Lakkoofsi 473, 500 tti dhiyaata.
5. Lakkoofsi 5475, 5000 tti dhiyaata
6. Lakkoofsi 5675, 6000 tti dhiyaata.

Deebii Gilgala 1.6 A

1. a. $53 \approx 50$ b. $162 \approx 160$
 c. $2575 \approx 2580$ d. $29,748 \approx 29,750$
 e. $345,821 \approx 345,820$
2. a. $435 \approx 400$ b. $7,862 \approx 7,900$
 c. $54,942 \approx 54,900$ d. $642,198 \approx 642,200$
 e. $365,817 \approx 365,800$
3. a. $5,642 \approx 6000$ b. $3473 \approx 3000$
 c. $48921 \approx 49,000$ d. $120,321 \approx 120,000$
 e. $657,830 \approx 658,000$

4.

Tartiiba	Lakkoofsota hunda	Gara mana kudhaniitti siqsuu	Gara mana dhibbaatti siqsuu	Gara mana kumaatti siqsuu
a	12,345	12,350	12,300	12,000
b	56,754	56,750	56,800	57,000
c	89,987	89,990	90,000	90,000
d	245,528	245,530	245,500	246,000
e	555,705	555,710	555,700	556,000
f	744,393	744,390	744,400	744,000

Deebii Gocha 1.6B

1. lakkoofsi 62,821 gara 60,000 tti dhiyaata.
2. lakkoofsi 67,821, gara 70,000 tti dhiyaata
3. lakkoofsi 342,821, gara 300,000 tti dhiyaata.
4. lakkoofsi 362,821, gara 400,000 tti dhiyaata.

Deebii Gilgaala 1.6B

1. a. 21,284 \approx 20,000 b. 32,905 \approx 30,000
c. 445,46 \approx 40,000 d. 56,449 \approx 60,000
e. 60,606 \approx 60,000
2. a. 221,284 \approx 200,000 b. 532,905 \approx 500,000
c. 756,449 \approx 800,000 d. 860,606 \approx 900,000
e. 829,377 \approx 800,000

3.

	Lakkoofsota hundaa	Mana Kudhani	Mana Dhibbaa	Mana Kumaa	Mana Kuma kudhaii	Mana Kuma dhibbaa
a	412,317	412,320	412,300	412,000	410,000	400,000
b	656,754	656,750	656,800	657,000	660,000	700,000
c	789,986	789,990	790,000	790,000	790,000	800,000
d	845,529	845,530	845,500	846,000	850,000	800,000
e	555,705	555,710	555,700	556,000	560,000	600,000
f	744,392	744,390	744,400	744,000	740,000	700,000

Hordoffii fi madaallii

Barattoonni waan baratan haalaan hubannoo argachuu isaanii mirkaneeffachuuf:

- Lakkoofsota hundaa gatii bakkaa mana tilmaamdhiyoo mana kudhanii, dhibbaa, kumaa, kuma kudhanii fi kuma dhibbaatti akka siqsan gaafachuun deebii isaanii madaaluu.
- Mallattoo tilmaamdhiyootti gargaaramuu danda'uu isaanii madaaluu.

BOQONNAA **2** QOYYABOOTA ARFAN LAKKOOF SOTA HUNDA HAMMA 1,000,000TTI JIRAN IRRATTI

SEENSA

